

STAY SAFE MN

Tatamsa'ina akaakuuwwan COVID-19 yeroo imalaattii ittisaa

3/3/2022

Akaakuuwwan COVID-19 isaan kaan caalaa salphaafi saffisaan daddarbu, akkasumas baay'ee nama dhukkubsuu danda'u. Talaalliiwwan, wal'aansawwan, ykn dandamannaan qaamaa dhibee COVID-19 duraanii irraa argatan akaakuuwwan dhibee kanaa tokko tokko fayyisuutti hagas mara bu'a-qabeessa ta'uu dhiisuu malu. Kanaaf, hawaasa keessatti tatamsa'ina akaakuuwwan kanniinii ittisuun baay'ee barbaachisaadha.



Hanga talaalliiwwan COVID-19 fudhattanitti, imala idil-addunyaa hin raawwatinaa, imala keessan Yuunaayitid Isteetsi keessaallee yeroof tursaa.

Yoo kana ta'e hin imalinaa:

- Nama COVID-19n qabametti dhiyaattanii turtan.
- Dhukkubsachaa jirtu.
- Bu'aa qorannoo COVID-19 eeggataa jirtu.

Hanga talaalliiwwan COVID-19 fudhattanitti imala keessan tursuudhaan tatamsa'ina COVID-19 ittisuu gargaaraa. Haa ta'u malee, yoo imalli keessan dirqama ta'ee fi hin talaalamne taatan, yaadawwan gorsaa fayyaa hawaasaa armaan gadii hordofaa.

Imaluu keessaniin dura: Imaluu keessaniin dura guyyaa 1-3 dursaatii qoratamaa. Yoo imala idil-addunyaa taasistu ta'e, qorannoo keessan fudhachuuf yeroo hammam akka isin barbaachisu dursaatii daandii qilleensaa keessanii fi bakka ga'umsa keessanii irraa adda baafadhaa.

Yuunaayitid Isteetsitti deebi'uu keessaniin dura: Yuunaayitid Isteetsitti deebi'uu keessaniin dura yoo xiqqaate guyyaa tokko (sa'atii 24) dursitanii bu'aa qorannoo negetiivii agarsiisuu qabdu.

Bu'aawwan qorannoo akka waliigalaatti sa'atii 24-72 gidduutti deebi'uu, yeroo tokko tokko garuu yeroo kana caalaa dheeratu fudhachuu danda'u. Qoratamuu keessanii fi bu'aa qorannoo keessanii deeffachuu keessan gidduutti yeroo ga'aa hambisuu keessan mirkaneeffadhaa. Bakkeewwan qorannoo tokko tokko warra kaan caalaa bu'aa qorannoo keessanii isinii deebisuu danda'uu, jalqaba dursanii isinii bilbiluu illee ni malu.

Minesotaa keessa [Bakkeewwan Qorannoo Barbaadaa \(mn.gov/covid19/get-tested/testing-locations/index.jsp\)](https://mn.gov/covid19/get-tested/testing-locations/index.jsp).

Yeroo imalaatti tatamsa'ina COVID-19 ittisaa.

Wayita imaltan yeroo mara, imalarraa wayita deebitanitti akaakuuwwan COVID-19 daddabarsuu ni dandeessu. **Yoo imaltan, maaskii godhadhaa, ammas ammas harka keessan dhiqadhaa. Dhukkubbiin yoo isinitti dhagaa'ame, hin imalinaa.**

Imala booda, tarkaanfiiwwan kanniin fudhadhaa.

Imalootni hundi wayita imalarraa deebi'anitti mallattoolee COVID-19 ofirratti eeguu qabu. Dhukkubbiin yoo isinitti dhagaa'ame, mana turaatii namoota biroorraa fagaadhaa (adda of baasaa) qoratamaa.

Hintalaalamne yoo taatan ykn talaalliiwwan COVID-19 HIN fudhanne yoo taatan:

- Imalarraa erga deebitanii booda guyyaa 3-5 keessatti sakattaa'amaa.
Bakkee talaallii kaffaltii hin gaafanne, kilinika ykn mana qorichaa deemaa, ykn meeshaa manatti ittiin of sakatta'an ajajadhaa. Filannoowwan qorannoo asirraa barbaadaa [Qorannoo COVID-19 \(www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/testsites/index.html\)](http://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/testsites/index.html).
- Imala booda mana turaatii namoota biroorraa fagaadhaa.
Yooma guyyaa 3 hanga 5 gidduutti qorannoon keessan neetiivii ta'ee fi mallattoo hin qabaanne iyyuu imala booda guyyaa 5f adda of baastanii of ilaaluu qabdu.
- Talaalamaa.
Beellama qabachuuf ykn beellama malee dhaquuf [Bakkeewwan Talaallii Barbaadaa \(mn.gov/covid19/vaccine/find-vaccine/locations/index.jsp\)](https://mn.gov/covid19/vaccine/find-vaccine/locations/index.jsp)!

Yoo dhiyootti COVID-19 irraa fooyyoftan ta'e:

- Guyyoota 90 darban keessatti COVID-19 irraa fooyyoftan yoo ta'e, qoratamuu ykn adda of baasuu isin HIN barbaachisu. Gorsawwan imalaa kan biroo hunda garuu ammayyuu hordofuu qabdu. Imala booda mallattoolee COVID-19 yoo ofirratti argitan, adda of baasaatii gorsawwan qorannootiif ogeessa fayyaa dubbisaa.



Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975

Bifa biraan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)